Australian Government
Department of Home Affairs

AMEP
Adult Migrant English Program

Oolmaa daa'immanii kan Sagantaa Afaan English Godaansa Nam-guddaa Keessaa (Adult Migrant English Program)

Barmoota Adult Migrant English Program (AMEP) hordofuuf oolmaa daa'immanii ni barbaaddaa? Do you need child care to be able to attend the classes? Yeroo barmoota AMEP hordoftu ijoollota kee waggaan isaanii mana barmootaa seenuuf hin hayyaminiif oolmaa daa'immanii tolaa ni jira.

Kan tajaajila AMEP siif kennan oolmaa daa'immanii mana kee yokan bakka barmoota AMEP irraa daqiiqaa 30 caalaa hin fagaanne siif qopheessan. Kun tarii yeroo baay'ee hin danda'amu taha. AMEP kan siif kennan hamma danda'ametti oolmaa daa'immanii keessaa baay'ee sitti dhihoo tahe siif argamsiisuuf waan danda'ameef hunda ni yaalu.

AMEP kan siif kennan bakka oolmaa daa'immanii yeroo ati barmoota AMEP jalqabdu waliin wal qabsiisanii siif qindeessu. Bakka oolmaa daa'immanii sanas guyyaa ati mana barmootaa jirtu sanatti akka bakki siif qabamu taasisu. Bakki oolmaa daa'immanii murtooftuu waan taatee fi hedduus waan barbaadamuuf kun tarii yeroo tokko tokko rakkisaa tahuu danda'a. Yeroo tokko tokko daddaffiin hin argamu taha yokan hamma ati guyyootni dabalaa siif argamutti hamma xiqqoo qofa siif kennu taha.

Oolmaan daa'immanii tolaa yeroo ati barmoota AMEP hordoftu qofaaf siif kennama. Hujii biro kan yeroo barmoota AMEP keessaa ala taheef hin kennamu. Yoo barmoota AMEP hin dhaqxu tahe, yokan barmooticha guutummaa isaa xumurte oolmaa daa'imaa ofii keetiin qopheessachuu qabda. Yoo mucaan yokan ijoolleen kee yeroo taheef oolmaa sanatti hin ergitu tahe kan tajaajila AMEP siif kennan quba qabaachisuu qabda. Akkasittis bakki ijoollee keetiif qabame sirreessamuu danda'a.

Yoo guyyaa barmootaa AMEP baay'ee dhabde, kan tajaajila siif kennan bakka oolmaa daa'imaa siif qabame si duraa haquu (cancel) danda'an. Haa tahu malee yoo ati gara barmoota AMEP deebite bakka oolmaa daa'imanii tolaa deebitee argachuu ni dandeessa. Haa tahu malee hamma deebi'ee siif argamutti eeguu si barbaachisa taha.

Yeroo oolmaa daa'imaaf waan kee gamaaggamamu kan tajaajila AMEPsiif kennu akka ati hamma danda'amutti daftee barmoota kee eegaltuuf filmaata adda addaa siif kennuu danda'a. Fakkeenyaaf kan ati taruu gaafatamuu maltu:

Hiree barmoota keessaan

- Giddu-galeessa hawaasaa (community centre) kan oolmaan daa’immanii achuma jirutti akka barattu si gafachuu
- Hamma ati jaallattuu caalaatti akka fagaattee deemtu si gochuu
- Hamma oolmaan daa’immanii siif argamutti barsiisaan qe’eetti si barsiisuu yokan sararaa interetaa irraan barachuu itti fufuu dandeessa.

Kan yoo bakki oolmaa daa’immanii siif qindeessame siif hint ahu tahe dhimma kana kan tajaajila AMEP siif kennan waliin dubbachuu dandeessa.

Odeeffannoo dabalaa waa’ee oolmaa daa’immaniif kan tajaajila AMEP siif kennanitti dubbadhu.